Victorian Equal Opportunity & Human Rights Commission

simply your rights

Holaa – Sanyyii

Discrimination - Race

Holaan nama akkaan malee waan inni qabuun holuudha. Viktooriyaa keessatti sanyyiin nama holuun seeraa ala.

Sanyyii jechuun maali?

Sanyyiin bifa, dhala, biyya, warra, gosa yookin waanuma sanyyii tokkotti hidhaa laala.

Fakkeenna
(Tolaan) dalagaa jaarmaya ijaarsaa gaafate dhabe. (Tolaan) maa argachuu dhabee bilbillee gaafannaan; “biyya keessanirraa kanaan dura nama qaxarree ture. Isin hundinuu akeeka hijii keennaa hinfudhattan. Badii akkasii itti deebinee godhuu hinbarbaannu” jedhaniin.

Holaan sanyyii ee’ssatti ta’a?

Seerrri haala ummataa laala, amala mataa abbaa hin’laalu. San jechuun holaan sanyyii seeraa ala yoo lafa hojii, mana jireennaa, waldaha gammachuu, baruumsaa, meeshaafii tajaajilaa, socho’a qaamaatiifii gurguraa yookin lafa jijjiirraa lafaatti ta’e.

Fakkeenna:
(Tolaafii Caaltuun) Oromoota. Lafa tajaajila ijoollee bilbilanii mucaa isaanii(Magarsaaf) bakka gaafatan.” Bakka hedduu qabna” jedhaniin. Ammoo yaroo(Caaltuun) (Magarsaa) lafa tajaajilaa geessite, bulchaan lafa isaa irra tolu geessuu qabda jedheen.

Haala addaa

Holaan sanyyii takka adda baasanii gargaaruuf godhamuu danda’a. Fakkeennaaf lafa tajaajila manguddoo Ukrainitti nama biroo fudhachuu diduu danda’u; Waldahni ‘Celtic’ miseensummaa ummata ‘Celtic’tti hidhaa qabuf qofa gochuu danda’a; akkasuma waldahni tajaajila Jaappaanotaa dalagaa namuma isaaniitii qofaaf kennuu danda’a.

Namni dalagaaf fudhatu namuma gosa tokkootii kennuu danda’a yoo aa’daa garsiisaa, fakkeessaa, gammachuuf, suuraa yookin dalagaa mul’isaatiif qaxaruu barbaade.

Akkamitti Galmi Hiree Walqixaatiifii Mirga Dhala Namaa Viktooriyaa tumsa godha?

Nuti akka ummanni himata holaa irra gahe karaa sirriitiin, horii-malee, holaa-malee tajaajila sirna hiikuu argatu, hawwii wal taasisuutiin goona. Galma qunnamii gaafadhu nama horii-malee afaan hiiku yoo feete.

Wadaroo Gorsaa (03) 9281 7100
TOLL FREE (baadiyaaf) 1800 134 142
TTY: (03) 9281 7110
Email: complaints@veohrc.vic.gov.au

Nama afaan hiiku yoo gaafatte horii malee argatta.

GAAFATANMA-DIDDAA: Ibsi kun tilmaama qofa. Gorsa seeraa bakka hin bu’u.
DHUUNFAA KEE: GHWV tiifii MDN(VEO&HRC) Seera dhuunfaa Viktooriyaa-qabxii sirrii eegu Hiree Walqixaa 1995 guututti eega. Akeekni dhuunfaa namaa eegu Saraara irraa: www.humanrightscommission.vic.gov.au/privacy yookin Galama qunnami.
Toohata Galma Hiree Walqixaatiifii Mirga Dhala Namaa Viktooriyaatiin maxxanfame, 3/380 Xurree Lonsdale, Melbourne, Viktooriyaa, 3000
April 2007